Oromiyaa

Lakk. 354

Oduu

Leenjichi rakkoo humna raawwachiiftummaa kan furu ta’uun ibsame

Leenjiin oggantoota giddu galeessaaf kenname rakkoo gama raawwachiisuutiin ture kan furu ta’uu hirmaattonni leenjichaa yaada kennan tokko tokko ibsan.

Wiirtuu leenjii Xoolaayitti kanneen leenji’an keessaa kanneen yaada nuuf kennan keessaa Ob.Goossaayee Tashoomaa, Ob. Caalaa Gammachuu, dubree Wuddinesh T/Haymaanoot yaada nuuf kennaniin, leenjiin kun rakkoo human raawwachiiftummaa cimsuu irra darbee olola garaa gartummaa naannolee irratti karaa hin taaneen ka’aa jirus kan dhareessedha.

Bal’ina oduu kanaa fuula 2 irra ilaala.

Oomisha qonnaa dabaluuf wantoonni barbaachisan guutamaa jiru

Naannoo Oromiyaatti waggaa 5ffaaf oomisha qonnaa dabaluuf wantoonni barbaachisan guutamaa akka jiran biiroon qonnaafi misooma baadyaa Oromiyaa beeksise.

Biiroo kanatti itti aanaan hogganaa damee misooma qonnaa Ob. Daammanuu Tulluu gaazeexaa Oromiyaatiif akka himanitti, humna dhimma kana raawachiisuufi raawwatu cimsuuf leenjiin adda addaa kennameera. Haaluma kanaan ogeessota sadarkaa adda addaa irra jiraniifi qonnaan bultoota dabalatee namoonni 3,058,761 leenjii fudhataniiru.

Qonnaa idlee ilaalchisee ogeessota qonnaa godinaafi aanaa 2147f, hojjettoota misoomaa 1798, qonnaan bultoota mil. 3f, walumaa gala namoota 3003,945f leenjiin kennameera. Akkasumas misooma biyyoo gurraachaa, fooyyessa biyyoo Asiidiifi misoomaafi eegumsa midhaanii irratti namoota 54,819f leenjiin kan kenname yoo ta’u, isaanis ogeessota 1202, hojjettoota misoomaa 4782fi qonnaan bultoota 48835 ta’uu Ob. Dammanuun addeessaniiru.

Haaluma wal fakkaatuun lafa qotuu ilaalchisees qonna Arfaasaaf lafti heek. 764,000 karoorfamee karooraa ol heek. 858,000 raawwatamuu Ob. Daammanuun eeranii, qonnaa gannaaf heek. mil. 6.6 karoorfame keessaa hamma oduun kun qindaa’etti mil 5.2 qotamee heek. mil. 2.2 faca’uu ibsaniiru.

Xaa’oo bara kanaaf barbaachisu mil. 1.9 keessaa mil. 1.4 qonnaan bulaaf qoodamaa kan jiru yoo ta’u, sanyiin filatamaa oyiruu qonnaan bulaa, dhaabbata sanyii filatamaafi abbootii qabeenyaa dhuunfaa biraa argame kuntaalli kuma 103 qonnaan bulaa harka akka ga’e dabalanii addeessaniiru.

Kana malees oomisha dabaluuf kan dandeessisan kanneen akka oomisha ruuzii, qonnaa ‘BBM’, misooma kudraafi mudraallee xiyyeeffannoon kennameefii hojjetamaa akka jiru Ob. Daammanuun himaniiru.

Haaluma kanaan ‘BBM’ dhaan lafa heek. kuma 30 ta’u misoomsuuf maarashaan ‘BBM’ kuma 33 ta’u waldaalee bu’uraa bira ga’ee qonnaan bulaa liqiin fudhachaa akka jiru ibsa kenname irraa beekuun danda’ameera. Mootummaan dhaabbata “GTZ” waliin ta’uun sanyii Appilii 54,380 Ispeen irraa galchee godinaalee 12 keessatti kan argaman aanaalee 34 keessatti baay’ifamaa akka jiru Ob. Daammanuun ibsaniiru.

Nageenyi bu’ura hojii misoomaa akka ta’e ibsame

Godina Shawa lixaa aanaa Baakkoo Tibbeetti miseensonni mana maree yaa’ii idlee 4ffaa adeemsisaniin nageenyi bu’ura misoomaa waan ta’eef hundinuu nageenya naannawa isaa akka eegu ibsan.

Miseensonni mana maree 96 yaa’ii guyyoota lamaaf ture kana irratti kan hirmaatan yoo ta’u, gabaasni raawwiin hojii bara 1999 kan waajjira qonnaafi misooma baadiyaa, waajjira fayyaafi kan dhimma nageenyaa aanaa kanaa dhihaatee irratti mari’atameera.

Itti aanaan waajjira af-yaa’ii aanichaa Ob. Tolaa Ejjetaa wayita kana, misoomni kamiyyuu hojjetamuu kan danda’u yoo nageenyi jiraatedha. Kanaaf jiraataan kamiyyuu dhimma nageenyaatiif jabaatee tumsuu qaba jedhaniiru.

Bar-kumee haaraa dhufu sababeeffachuun hirmaattonni yaa’iis ta’an miseensonni hojii raawwachiiftuu ganda qonnaan bulaa hundi kan umriin isaanii waggaa 15 ol ta’e biqilaa mukaa 2fi sanaa ol akka dhaabu dhaamuu isaanii gabaasni waajjira beeksisaafi quunnamtii ummataa aanaa Baakkoo Tibbee irraa nu ga’e addeesseera.

Koreen jiddu galeessaa Dh.D.U.O karoora hojii bara 2000 irratti mari'atee raggaasise

Koreen jidduu galeessaa Dh.D.U.O walga'ii idilee tibbana deemsiseen raawwii hojii dhaabaa, mootummaafi sab-qunnamtii qorachuudhaan karoora waggaa dhufuu irratti bal'inaan erga mari'atee booda raggaasisuusaa Ob. Zalaalam Jamaanee miseensi koree hojii raawwachiiftuufi sab-qummantiin Dh.D.U.O ibsan.

Gaggeessitoonni sadarkaa addaddaarra jiran imaammataafi tarsiimoo mootummaa sirriitti hubachuudhaan gaheesaanii akka ba'an taasisuuf leenjiin bal'inaan kennamuusaa, ummata wajjinis dhimmoota addaddaarratti maree bal'aan taasiifamuusaa hojiiwwan ijoo hojjetaman keessaa gurguddoo akka ta'an kan eeran Ob. Zalaalam, hojiiwwan kunneenis bu'a qabeessa ta'uusaanii dubbataniiru. Itti dabaluunis, hojiiwwan gama misooma baadiyaa, ijaarsa dandeettii, barnoota, fayyaafi kanneen biroorratti hojjetaman qixa karoorfameen raawwatamuusaa addeessaniiru.

Walumaa galatti hojiiwwan gama dhaabaa, mootummaafi sab-qunnamtiin hojjetaman ciminniifi hir'inni jiru bal'inaan qoratamuusaa kan dubbatan Ob. Zalaalam, ramaddiin namoota deemsiifamuusaa dubbataniiru.

Waggaa dhufutti guddina dinagdee waggootii afuriif fuufiinsaan galmaa'ee bara dhufutti akka mirkanaa'u xiyyeeffannoon kennamee hojjetamuu akka qabu, bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf akkasumas qulqullina barnootaa, fayyaafi kanneen biroorratti jijjiirama ol'aanaa fiduuf karoorfamuusaa Ob. Zalaalam eeraniiru.

Leenjichi dandeettii oggansaa kan cimsudha jedhame

Waxabajjii 1/1999 irraa eegalee guyyoota afurtamaaf oggantoota sadarkaa giddu galeessaaf leenjiin kennamaa ture tibbana xumurameera.

Leenjiin qaamolee oggansa giddu galeessaa 11000 ol ta'aniif wiirtuuwwan leenjii Xoollaayifi Bir-Shalaqootti kennamaa ture kun yaa'ii dhaabbatummaa 6ffaa ADWUI irratti dandeettii raawwachiiftummaa cimsuudhaan yeroo gabaabaa keessatti bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf murteeffame hojiirra oolchuu akka dandeessisu itti amanameera.

Dandeettii oggansa giddu galeessaa ol guddisuuf leenjiin kennamu misooma saffisaa fiduuf, demokraasii cimsuufi nageenya amansiisaa mirkaneessuuf tumsi godhamaa jiru fiixa ba'iinsa gaarii akka argatuuf deeggarsa guddaa kan kennudha. Akkuma beekamu baatii Onkoloolessaa hanga Mudde 1999tti miseensota dhaabbata ADWUI afran irraa kan baba'an oggantoota ol aanaa kuma 350 ta'aniif leenjiin kennameera.

Haa ta'u malee leenjichi qixaafi tarsiimoo bu'uraa warraaqsa demokraasii ilaalchisee hirmaattota hundaaf hubannoo wal qixa ta'e qabsiisuu irratti hanqinoonni mul'ataniiru. Kanaaf ammoo bu'urri isaa karaa tokko humni bal'inaan gara oggansa giddu galeessaatti seenee jiru bal'inaan dargaggoo waan ta'eef qixa dhaabbatichaa irratti hubannoofi ga'umsi isaan qaban xiqqaa ta'uu ni dand'a yaanni jedhu ni jira. Karaa biraatiin ammoo qaamni dandeettii oggansaafi hubannoo gadi fageenyaan ni qabu jedhamanii hojii oggansaa irratti ramadamanis hanqina kan qaban akka ta'e tilmaamameera. Kanaaf leenjiin oggansa giddu galeessaa tibbana kenname kun barbaachisaa ta'eera. Nutis giddu galeessa leenji Xollaayitti argamnee leenjicha ilaalchisee waan qindeessine qabna.

Ob. Alamaayyoo Ijjiguu miseensa koree qindeessaa leenjii Xolaayitti adeemsifamuuti. Isaanis akka jedhanitti miseensonni dhaabbilee ADWUI afran irraa walitti baba'an 4648 leenji'aniiru. Miseensonni dhaabbilee ADWUI afran bakka tokkotti leenji'uun isaanii bu'aa akka qabus himaniiru. Muuxannoo akka wal jijjiiran, wal gidduutti marii akka adeemsisan, hanqina tokko irraa kaan aka baratu, tokkummaan

cimaan akka dhufu… kan taasisedha. Hirmaattota kanneen keessaa 591 dubartoota akka ta'anillee beekameera.

Ob. Alamaayyoon dabalanii akka ibsanitti, leenichi qaama giddu galeessaa ADWUI irraa dhimmoota ijoo, imaammataafi tarsiimoo misooma baadyaa, misooma magaalaafi industirii, ijaarsa warraaqsa demokraasii, gaaffii oggansaa, gaaffii leenjii barumsaa irratti duraafi duubaan plaazmaan ibsi bal'inaan kennameera. Ibsa boodas hunda irratti gareedhaan mari'atameera. Gaaffiiwwan ka'anifis muummichi ministiraa Mallas Zeenaawii ibsa ga'aa kennaniiru.

Miseensa koree qindeessaa leenjichaa kan ta'an Ob. Shallamaa Immaanaa yaada kennaniin, qabsaa'onni qabsoo irra turaniifi dhihoo gara qabsootti seenan dargaggoon akka jiraniifi garaagarummaan hubannoos akka jiru addeessaniiru. Kanaaf garaagartee hubannoofi adeemsa dhaabaa jiru leenjiin kun akka dhiphisu addeessaniiru.

Hirmaattota leenjii kanaa keessaa godina Baalee aanaa Laga Hidhaatti itti gaafatamaa waajjira ijaarsaa Dh.D.U.O kan ta'an Ob. Goosaayee Tashoomaa yaada nuuf kennaniiru. Isaanis akka jedhanitti leenjichi sirni demokraatawaan ADWUIn ogganamu cimee akka itti fufu baay'ee deeggara jedhaniiru. Hanqinoota raawwachiisuu irratti mul'atan sakkatta'ee waan agarsiiseef bu'aa guddaa akka qabu ibsaniiru.

Ob. Caalaa Gammachuu godina Shawaa lixaatti bulchaa aanaa Ejereeti. Isaanis akka jedhanitti, leenjiin kun hojii akka aanaatti wal makaa ture adda baaseera. Leenjichi giddu galeessaan kennamuun isaa muuxannoo waliif dabarsuuf qooda guddaa qaba. Sababa hanqinoota mul'achaa turanii kan agarsiise akka ta'e dubbataniiru.

Godina I/A/Booraatti itti aanaa itti gaafatamaa waajjira dhimma dubartootaa yaada kennaniin, leenjiin kun dhaabbileen ADWUI afran muuxannoo wal jijjiiruu qofa osoo hin ta'iin, olola garaa gartee naannolee jidduutti ka'uufis hubannoo akka uume eeraniiru. Ilaalchi tokkummaa biyyaalessaa hirmaattota gidduutti akka jabaatu taasiseera. Kun ammoo boru gara hawaasaatti waan gadi bu'uuf gaariidha jedhaniiru

Dubree Wuddinesh T/Haymaanoot itti aantuu itti gaafatamtuu waajjira beeksisaafi qunnamtii ummataa aanaa Jajuuti, godina arsiitti. Leenjii darbeefi kan amma wal bira

qabuun yemmuu ibsan, “leenjiin kun hanqinoota leenjii darbee kan guutedha.Leenji’amtoonni leenjii ga’eessa isaan taasisu argataniiru jedheen amana. Ibsi ministira muummee irraa kenname baay’ee gaariidha. Hojii boruutiif hamilee nuuf ta’eera.” Jedhaniiru.

Walumaa gala qaamoleen oggansa giddugaleessaa kun yeroo gabaabaa kana keessatti bu’aalee armaan olii akka argamsiiseef ibsaniiru. Aanaa irraa dhufanitti wayta deebi’anis waan baratan hojiirra oolchuuf qophii ta’uu addeessaniiru.

Karaa hundaanuu injifannoo gonfanneerra

Sochiin misoomaafi ijaarsa sirna demokraasii biyya keenya keessatgti adeemsifamaa jiru kallatti hundaanuu injifannoo boonsaafi dachaa galmeessaa jira. Har'a, biyya keenya keessatti guddinni misooma dinagdee si'ataan mirkanaa'aa jira. Ijaarsi sirna demokraasii keenya umrii jalqabbii isaatii ol firii argamsiisee; ummani dhimma barbaade irratti kallattii barbaadeen gurmaa'uuf mirga demokraataa hera mootummaatiin mirkanaa'e gonfateera. Injifannoowwan karaa addaddaa gonfanne kunneen hunda keessaa iddoo guddaa kan qabu ammoo injifannoo isaa humnoota jeequmsa (oggantoota Qindoominaa) irratti gonfanneedha.

Humnoonni jeequmsaa maqaa qindoominaatiin gurmaa'anii socho'aa turan filannoo bara 1997 adeemsifame dahoo godhachuudhaan heera mootummaafi qaamota heera mootummaatiin dhaabbatan diiguuf hedduu wixxifataa turaniiru. Golgaan filannicha haa ta'u malee durumaanuu heera mootummaafi qaama heericha mootummaatiin dhaabbatan diiguuf kitaaba tarsiimoo maxxansiisuun, humnoota jeequmsaa kanneen akka "shaabiyaa" wajjin waliin gurmaa'uun of-qopheessaa turaniiru. Keessumaa ammoo karaa tokkoon komii ummanni ADWUI irratti qabutti fayyadamuudhaa, karaa biraas holola gosummaa irratti rarra'etti fayyadamuudhaan sochii jeequmsaa keessa seenani.

ADWUIfi mootummaan humnoonni kunneen sochii jeequmsaa kana dhiisanii karaa nagaafi demookraatawaa, karaa heerri mootummaa heeyyamuun akka socho'an irra deddeebi'ee gorsaa, akeekkachiisaa ture. Humnoonni kun garuu, yeroorraa gara yerootti sababa addaddaa, sababa sobaan guutame dhiyeessuudhaan sochii jeequmsaa keessaa ba'uuf fedhii akka hin qabne hubachiisani. Duraan ADWUIn filannicha Demokraatawaa hin taasisu, akka nuyi wajjira banannee hojjennuf, karaa bilisaa akka dorgomnuuf tasumaa carraa nuuf hin kennu, carraan demokraasii hundi cufamaadha jechuudhaan deemsa ijaarsa demokraasii keenya filannichaa wajjin wal-qabsiisanii dukkanneessanii agarsiisuuf carraaqaniiru. Booddee, filannichaaf waajjira banachuu, ummata akka barbaadaniifi, iddoo barbaadanitti walitti qabanii haasofsiisuu, mari'achiisuu, meeshaalee sab quunnamtiitiin kaayoo isaanii dabarfachuuf wayita carraa argatanis, mirga argatan kana ganuudhaan demokraasiin akka hin jirretti odeessuu filatani. Kana hundumaa booda,

filannichi adeemsifamee, ummanni komii ADWUI irraa qabu baa'inaa waan isaan filateef sagalee isaanuu ni arganna jedhanii hin tilmaamne, keessumaa magaalaa Finfinnee keessatti argachuu danda'ani.

Haata'uuti fedhiin isaanii filannoon mo'achuu utuu hin taane, heera mootummaa diiguudhaan karaa seeraa alaa aangoo qabachuu waan ta'eef iddoo hin dorgomnettillee mo'anneerra jechuun fincila karoorfatanii turan itti fufuuf cimsanii sochii eegalani karaa kanaanis badii lubbuu namoota hedduufi manca'ina qabeenyaatiif sababa guddaa ta'ani.

ADWUIniifi mootummaan deemsa finciltootaa kana obsa guddaan caqasaa turus, isaan gorsaafi obsa kana dhaga'uu waan dadhabaniif seera kabachisiisuuf jecha tarkaanfi fudhatameen, karaa tokkoon finicilicha karaa seera hordofeen dhaabsisuu, karaa biraammoo humnoota fincilaa gurguddoo ta'an seera jala galchuu danda'eera.

Kunneen duraan fincila malee waan nu baasu hinjiru jechuun gorsarra darbanii wixxifachaa turan, har'a dirqamani ummataafi mootummaa dhiifama gaafachaa jiru. Kun egaa karaa tokkoon, qaamni kamiyyuu seeraa ala ta'uu akka hin dandeenye, karaa biraa amoo biyya keenya keessatti ol'aantummaan seeraa mirkanaa'aa jiraachuu isaa sirriitti argasiisa. ADWUInis karaa hundaanuu injifannoo boonsaafi calaqisaa gonfachuu danda'eera

Ijoo Dubbii

Karaa hundaanuu injifannoo gonfanneerra

Sochiin misoomaafi ijaarsa sirna demokraasii biyya keenya keessatgti adeemsifamaa jiru kallatti hundaanuu injifannoo boonsaafi dachaa galmeessaa jira. Har'a, biyya keenya keessatti guddinni misooma dinagdee si'ataan mirkanaa'aa jira. Ijaarsi sirna demokraasii keenya umrii jalqabbii isaatii ol firii argamsiisee; ummani dhimma barbaade irratti kallattii barbaadeen gurmaa'uuf mirga demokraataa hera mootummaatiin mirkanaa'e gonfateera. Injifannoowwan karaa addaddaa gonfanne kunneen hunda keessaa iddoo guddaa kan qabu ammoo injifannoo isaa humnoota jeequmsa (oggantoota Qindoominaa) irratti gonfanneedha.

Humnoonni jeequmsaa maqaa qindoominaatiin gurmaa'anii socho'aa turan filannoo bara 1997 adeemsifame dahoo godhachuudhaan heera mootummaafi qaamota heera mootummaatiin dhaabbatan diiguuf hedduu wixxifataa turaniiru. Golgaan filannicha haa ta'u malee durumaanuu heera mootummaafi qaama heericha mootummaatiin dhaabbatan diiguuf kitaaba tarsiimoo maxxansiisuun, humnoota jeequmsaa kanneen akka "shaabiyaa" wajjin waliin gurmaa'uun of-qopheessaa turaniiru. Keessumaa ammoo karaa tokkoon komii ummanni ADWUI irratti qabutti fayyadamuudhaa, karaa biraas holola gosummaa irratti rarra'etti fayyadamuudhaan sochii jeequmsaa keessa seenani.

ADWUIfi mootummaan humnoonni kunneen sochii jeequmsaa kana dhiisanii karaa nagaafi demookraatawaa, karaa heerri mootummaa heeyyamuun akka socho'an irra deddeebi'ee gorsaa, akeekkachiisaa ture. Humnoonni kun garuu, yeroorraa gara yerootti sababa addaddaa, sababa sobaan guutame dhiyeessuudhaan sochii jeequmsaa keessaa ba'uuf fedhii akka hin qabne hubachiisani. Duraan ADWUIn filannicha Demokraatawaa hin taasisu, akka nuyi wajjira banannee hojjennuf, karaa bilisaa akka dorgomnuuf tasumaa carraa nuuf hin kennu, carraan demokraasii hundi cufamaadha jechuudhaan deemsa ijaarsa demokraasii keenya filannichaa wajjin wal-qabsiisanii dukkanneessanii agarsiisuuf carraaqaniiru. Booddee, filannichaaf waajjira banachuu, ummata akka barbaadaniifi, iddoo barbaadanitti walitti qabanii haasofsiisuu, mari'achiisuu, meeshaalee sab quunnamtiitiin kaayoo isaanii dabarfachuuf wayita carraa argatanis, mirga argatan kana ganuudhaan demokraasiin akka hin jirretti odeessuu filatani. Kana hundumaa booda, filannichi adeemsifamee, ummanni komii ADWUI irraa qabu baa'inaa waan isaan filateef sagalee isaanuu ni arganna jedhanii hin tilmaamne, keessumaa magaalaa Finfinnee keessatti argachuu danda'ani.

Haata'uuti fedhiin isaanii filannoon mo'achuu utuu hin taane, heera mootummaa diiguudhaan karaa seeraa alaa aangoo qabachuu waan ta'eef iddoo hin dorgomnettillee mo'anneerra jechuun fincila karoorfatanii turan itti fufuuf cimsanii sochii eegalani karaa kanaanis badii lubbuu namoota hedduufi manca'ina qabeenyaatiif sababa guddaa ta'ani.

ADWUIniifi mootummaan deemsa finciltootaa kana obsa guddaan caqasaa turus, isaan gorsaafi obsa kana dhaga'uu waan dadhabaniif seera kabachisiisuuf jecha tarkaanfi fudhatameen, karaa tokkoon finicilicha karaa seera hordofeen dhaabsisuu, karaa biraammoo humnoota fincilaa gurguddoo ta'an seera jala galchuu danda'eera.

Kunneen duraan fincila malee waan nu baasu hinjiru jechuun gorsarra darbanii wixxifachaa turan, har'a dirqamani ummataafi mootummaa dhiifama gaafachaa jiru. Kun egaa karaa tokkoon, qaamni kamiyyuu seeraa ala ta'uu akka hin dandeenye, karaa biraa amoo biyya keenya keessatti ol'aantummaan seeraa mirkanaa'aa jiraachuu isaa sirriitti argasiisa. ADWUInis karaa hundaanuu injifannoo boonsaafi calaqisaa gonfachuu danda'eera

Aaga badhaadhinaa

“Akka miseensa dhaabaattis, akka qonnaan bulaa adda dureettis ga’ee keenna ba’aa jirra”

Ob. Ayichiluhim Mojoo qonnaan bulaa adda dureedha. Jiraataa ganda qonnaan bulaa sharaa Dibaan Dibaati. Godina Shawaa bahaa aanaa Lumetti. Qonnaan bulaa adda duree ta’uu isaaniitiin bara darbe yeroo akkanaa sadarkaa mootummaa Naannoo Oromiyatti qonnaan bultoota adda dureewwan badhaafaman keessaa nam-tokko turan.

Ob. Ayichiluhim adda durummaa qonna irratti agarsiisan ammallee cimsanii itti deemaa jiru. Kana kan agarsiisu hojii qonnaa haala qinda’een yeroo ammaa isaan deemsisaa jiraniidha. Yeroo ammaa qonna ilaalchisee piroojektoonni qaban gosa shanitti qoodamu. Pirojektiin tokkoffaan sanyii filatamaa baayyisuudha. Sanyii qamadiifi xaafii. Lamaffaan, midhaan nyaataaf olu kan ittiin omishan; sadaffaan, kan horsiisa lukkuuti; Afraaffaan horii furdisuudha; shanaffaan, jallisiidha. Hojiiwwan kanniin hundaa walitti qindeessanii deemsisaa jiru. Galii damee addadda kanneen irraa argataniin jireenya isaanii jijjiiraa jiru; guddina biyyaa keessattis qooda isaanii ba’aa jiru. Pirojektiin jahaffaan magaalatti eegalame Hoteela daldalaafi mana jireenyaa ijaaruuf qophii irra jiru.

Woytiin amma keessa jirru, woytii qonna gannaati. Qonni gannaa, qonna murteessaa jiruufi jireenya ummata keennaa akka naannottis ta’ee akka biyyatti murteessu. Waan ta’eef, gama kanaan qophii jiru ilaaluun barbaachisaadha. Barreeffamni kunis isarratti xiyyeeffata.

Akka beekamu, biyyi keenna waggootii afran darban utuu walirraa hin cinne guddina dinagdee galmeesisuu dandeettee jirti. Guddina kana akka galmeesitu ga’ee guddaa kan taphate guddina dinagdee qonnaati. Omisha qonnaa guddatetu waliigalaan dinagdeen biyyatti akka guddatu taasise waan ta’eef.

Bara omishaa 1999/2000tillee haaluma walfakaataa ta’een guddina galmeesisuuf karoorri ba’ee, karooricha hojitti jijjiiruuf tumsi taasifamaa jira. Callaa omishaa guddisuun dinagdeen biyya keennaa yeroo shanaffaadhaaf akka guddatu taasisuuf, omisheesitummaa tokko tokko qonnaan bulaa cimsuun murteessaadha. Omisheesitummaan tokko tokko qonnaan bulaa akka cimu taasisuu keessatti, shoorri qonnaan bultoota adda duree guddaa dha.

Qonnaan bultoonni adda dureen omisha mataa isaanii guddisuun jireenya isaanii fooyyessaa jiraachuu irra darbanii, qonnaan bultoota ollaa isaanii jiraniifis muuxannoo qaban dabarsuun walqabatanii guddachuuf sochiin taasisaa jiran kan baayyee dinqisiifatamu. Haala kanaan sochii taasisuun isaanii omisha naannoo keennaa dabalataan guddisuuf karoora bara itti aanuuf qabame kan milkeessu ta’a jedhamee abdatama.

Omisha qonnaa dabalataan guddisuuf haal dureewwan guutamu malan jiru. Lafa qonnaa qaban hunda duguuganii qotuudha. Qonnaa qotan yeroodhaan qophii taasisanii maasii bilcheessanii qotuudha. Teknolojiiwwan addaddaa omisheesitummaa callaa guddisan kan akka sanyii filatamaa, xaa’oo, qoricha aramaa balleessu, meeshaalee qonnaa kan akka “BBM” (bakka barbaachisaa ta’etti) itti gargaaramuudha. Gorsa ogeessota qonnaa duukaa bu’uudhaan

hojjachuudha. Yeroo sanyiin facaafamutti dhimmootiin murteessaan callaa guddisuuf barbaachisan isaan kana.

Qonnaan bultoonni adda dureen callaa isaanii guddisuun jireenya isaanii fooyyessuu kan danda'an qixa kana hordofuun hojjachaa waan jiraniif. Dhugaa kana mee sochii qonnaa Ob. Ayichiluhim Mojoo akka fakkeennatti fudhannee haa laallu.

Akkuma irranatti ibsuuf yaalle Ob. Ayichiluhim waggaa gara waggatti hojii isaanii babal'isaa jiru. Pirojektoota gosa shan damee qonnaa irratti kan qaban akka ta'an ibsineerra.

Isaan keessaa qophii kanaaf kan nu barbaachiisu sochii qonna gannaa ilaaluudha. Gama qonna gannaatiin sochiin isaanii bakka lamatti qoodamee ilaallama. Sanyii filatama baayisuufi callaa nyaataaf oolu omishuudha.

Haaluma kanaan sanyii filatamaa qamadii baayyisuuf lafa hektaara 10 yeroodhaan qotanii bilcheessanii qamadii itti facaasaniiru. Xaafillee hektaara tokko irratti baayyisuuf facaasaniiru. Midhaan nyaataaf oolu facaasuufis qophii irra akka jiran nuuf ibsan woyta barreeffama kanaaf gaaffiifi deebii isaan wajjii taasifnetti, (Adoolessa 9/99).

Ob. Ayichiluhim omisha qonnaa guddisuuf sochiin taasisaa jiran kan maasii isaanii qofaa miti. Namoota 15 of jalatti gurmeessanii, muuxannoo hanga ammatti horatan isaaniifis dabarsaa jiru. Isaan keessaa namootiin 10 qonnaan bultoota yoo ta'an, namootiin 5 ammoo dargaggoota. Namoota 15tiif gaggeessaa ta'uudhaan gama tokkon, hojii eegumsa naannoo hojjachaa jiru. Gama biraatiin omisheesitummaan qonnaa akka guddatu taasisaa jiru.

Sochii haala kanaan taasifameen bara darbe qonnaan bultoonni 6 ganda isaaniitii sadarkaa aanatti adda duree ta'anii badhaafamaniiru. Bara itti aanu kanatti qonnaan bultoonni 20 ta'an adda duree ta'anii badhaafamu akka danda'an abdii qaban ibsaniiru, Ob. Ayichiluhim Mojoo.

Badhaafamtoota kanniin keessaa tokko Ob. Girmaa Daargee jedhamu. Bu'aa bara darbe agarsisan irraa ka'anii barana haala gaariin lafa isaanii qopheessanii, yeroo gaaffiifi deebii kana isaan waliin taasifnetti (Adoolessa 9/99) lafa isaanii gara caalu facaasaniiru. Fakkeennaaf, Qamadiin hek. 5, Xaafiin hek. 5 faca'eera; kan yeroo sanatti hin facaane lafa xaafii hek. 3 qoftiidha. Sanas facaasuuf qophii irra utuu jirani gaaffiifi deebii kana kan taasifane.

Ob. Ayichiluhim adda durummaan isaanii, ofii isaanii callaa gaarii argachuu qofaa miti. Ganda isaanitti gaggeessaa Dhaabbata Demokraatawaa ummata Oromoo ta'uudhaan miseensonni dhaabbatichaa omisheesitummaa guddisuu keessatti fakkeenna ta'anii akka socho'an shoora gaggeessummaa ba'aa jiru. Akka ganda sharaa Dibaan Dibatti miseensonni dhaabbatichaa 276tu jiru. Isaan kun seelota 11 kan qaban yoo ta'an waltajjii idilee ji'a ji'aatiin walga'anii akka miseensatti fakkeenna ta'anii hojiiwwan hojjatan ni xiinxallamu. Kanarraa ka'uudhaan ture Ob. Ayichiluhim, "akka miseensa dhaabbatattis, akka qonnaan bulaa adda durettis, tartiiba-tartiibaan qooda nurra eeggamu ba'aa jirra" jechuun kan ibsan.

Walumaagalatti, Ob. Ayichiluhim maasii isaanii tiraakteera kireeffachuun yeroodhaan qotanii sanyii facaasaniiru. Callaa guddiftoota barbaachisan maratti gargaaramaniiru. Keessattuu, xaa'oo dura liqiin fudhataa turan bara kana birrii kuma 4 ta'u baasuun harkatti akka bitatan ibsaniiru. Qonnaan bultoonni ollaa isaanii jiranis fakkeenna isaanii ilaaluun akka omishan deeggarsa kennaa jiru. Miseensonni Dh.D.U.O gandicha keessatti argamanis tumsa isaan irraa eeggamu

akka godhan ga’ee gaggeessummaa isaanii ba’aa jiru. Manca’insa qabeenna uumamaa irra ga’es dandamachiisuuf, miseensota 15 gurma’an qindeessuun lafa hek. 5 irratti biqiltuu kuma 10 ol dhaabaa akka jiran ibsaniiru.

Ganda qonnaan bulaa sharaa Dibaan Dibatti qonnaan bulaan adda duree ta’ee haala ofii dammaqee qonnaan bultoota biroo itti dammaqsaa jiru irraa kaanee yoo ilaallu, haala walfakkaataa ta’een akka naannoo keenyattis ta’ee, akka biyyaatti sochiin yoo taasifame, omisha bara dhufutis dabalataan guddisuudhaaf kan dandeessisu haalli mijaayaan uumameera jechuun ni danda’ama.